

## **Gorsaafi Qindeessaa**

Alamu Hayiluu

## **To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

## **Qopheessitoota:**

Abdiisaa Gannatii

Dambee Turcee

Darajjee Mokonnin Qana'aa

Diida Jiloo

Mitikkuu Dibbeessaa

## **Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdoo

## **Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Soloomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

## Baafata

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Boqonnaa 1: Ce'umsa Raabaa Gara Doorii .....	3
Boqonnaa 2: Gaheefi Itti-Gaafatamummaa Doorii .....	7
Boqonnaa 3: Faaruu Dooromaa.....	11
Boqonnaa 4: Bulchiinsa Sirna Gadaa.....	14
Boqonnaa 5: Gogeessa Gadaa .....	17
Boqonnaa 6: Waqeffannaa.....	22
Boqonnaa 7: Jaarmiyaalee Waqeffannaa .....	25
Boqonnaa 8: Gochaalee Waqeffannaa .....	29
Boqonnaa 9: Haadha Yaa'aa .....	34
Boqonnaa 10: Sirna Gadaafi Nageenya .....	38
Boqonnaa 11: Gadaafi Saboota Ollaaa .....	41
Boqonnaa 12: Jaarsummaa.....	44
Boqonnaa 13: Gumaa.....	48
Boqonnaa 14: Sirna Gadaafi Mirga Dhala Namaa .....	52
Boqonnaa 15: Qumbii.....	55

## Boqonnaa 1: Ce'umsa Raabaa Gara Doorii

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- jiloota ce'umsa gulantaa Raabaa gara Doorii keessatti raawwataman addaan nibaafata/ti;
- adeemsa Qajimaa, Waddeessaafi Daannisa murachuun itti raawwatamu addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, barnoota boqonnaa kanaa osoo hinjalqabiin dura gulantaaleen Gadaa hunduu jila ce'umsaa kan mataa isaanii akka qaban hubachiisi. Barannoon boqonnaa kanaa, jiloota ce'umsa gulantaa Raabaa gara Dooriitti taasifamu keessatti gochaalee raawwataman irratti xiyyeffata. Jilooni ce'umsa gulantaa Raabaa gara Doorii taasifamu keessatti raawwataman warri gurguddoon Qajimaa murachuu, Waddeessa murachuufi Daannisa murachuu fa'i. Kanaafuu, maalummaa

Qajimaa murachuu, Waddeessa murachuufi Daannisa murachuu ibsi.  
Akkasumas, adeemsa raawwii Qajimaa, Waddeessaafi Daannisa  
murachuu ibsi.

Daanisaafi Waddeessa kan muratan warra dhiiraa yommuu ta'u,  
Qajimaa ammoo miseensota dubartootaatu murata. Daannisa  
murachuun naanhoo Booranaatti bal'inaan kan raawwatamu yommuu  
ta'u, Waddeessa murachuun ammoo, Gujii biratti bal'inaan kan  
gaggeeffamu ta'uu ibsi. Jilli Qajimaafi Daannisa/Waddeessa  
murachuu kaayyoo ittiin gaggeeffamu qabu. Kunis, warri dhiiraa  
Daannisaa/Waddeessa murachuun gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti  
ce'uu isaanii kan ittiin mirkaneeffataniidha. Miseensonni  
dubartootaas, Qajimaa murachuun gulantaa Raabaa irraa gara  
Dootiitti ce'uu isaanii mirkaneeffatu. Kan kitaaba barataa irra jiru  
bal'inaan ibsi.

Sana booda, barattoonni ibsa kenname irraa waan hubatan akka walitti  
himan taasisi. Jila gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti taasifamu  
keessatti gochaalee raawwataman maaliif akka dingisiifatan akka  
walitti himan jajjabeessi. Adeemsa kanaanis qabiyyeefi kaayyoo  
barannoo irratti hundaa'uun hubannoo barattootaa hordofuun duub-  
deebii kennaa deemi.

Bifuma walfakkaatuun, gaaffilee hubannoo gidduu gidduu keeyyataatti kennaman barattoota hojjachiisuun duub-deebii kenni. Kana malees, gochaalee ce'umsaa gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti taasifamu keessatti raawwataman kan naannoo isaanii kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisuun duub-deebii kenni.

Gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin wal-bira qabuun duub-deebii kenni. Akkasumas, dhuma boqonnaa kanaa irratti barattootaaf battallee kenuun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffii hubannoo 1**

- a. warri dhiiraa Waddeessa/Daannisa muratu
- b. dubartoonni Qaajimaa muratu

### **Deebii gaaffii hubannoo 2**

Ilmaan jaarsaatiif daannisi kan muramu gaafa jila moggaasa maqaa isaanii yoo ta'u, ilmaan kormaatiif ammoo, gaafa isaan sadarkaa Raabomaa xumuranii Dooromaatti ce'uuf jedhan murama.

### **Deebii gilgaala 1**

1. Soba
2. B

3. Soba

4. D

### **Deebii gilgaala 2**

Barattooni deebii adda addaa kennuu danda'u. Deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni. Akka waliigalaatti, deebiin isaa Dooriin boru aangoo qabatee biyya bulchuuf yeroo itti of qopheessu waan ta'eef, gulantaan kun Sirna Gadaa keessatti gulantaa baay'ee murteessaadha jedhameetu fudhatama kan jedhu deebii ta'a.

## Bogonnaa 2: Gaheefi Itti-Gaafatamummaa Doorii

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota bogonnaa kanaatti

barataa/tuun;

- gaheefi itti-gaafatamummaa gulantaa Dooromaa addaan nibaafata/ti;
- jiloota adda addaa Dooriin gaggeessu nitarreessa/ti.



### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, bogonnaan kun, gaheefi itti- gaafatamummaa Dooriin Sirna Gadaa keessatti qabu irratti kan fuelleffatu ta'uu barattootatti himi. Gaheefi itti-gaafatamummaan Dooriin qabu kunis, Oromiyaa bakka adda addaatti haala garagaraan kan calaqisu ta'uu fakkeenyaa deeggaruun ibsi. Fakkeenyaaaf, Booranatti Dooriin ardaalee jilaa irra naanna'uun jiloota adda addaa akka raawwatu ibsi. Isaan keessaa, jila Darrabbaafi jila Buttaa qaluu akka ta'e bal'inaan ibsi. Jilli Darrabbaa wagga waggaan gulantaa kanaan kan gaggeeffamu ta'uu; yommuu jilli kun gaggeeffamu sirba Olkaa jedhamu akka sirbaniifi korma qaluun sirnichi kan xumuramu ta'uu ibsi. Jilli Buttaa qaluu ammoo, gulantaa

Dooromaa gara xumuraa irratti yeroo Dooriin Gadaa fudhachuutti dhiyaatan kan gaggeeffamu ta'uu bal'inaan ibsi.

Bifuma wal fakkaatuu, Gujiitti gulantaa Dooromaa keessatti Dooriin jila Hulluqqaafi Dhibaayyuu akka gaggeessu ibsi. Jiloonni kunneen kaayyoo ittiin gaggeeffaman qabu. Kaayyoo isaanii kanneen tokko tokkoon ibsi. Tuulama keessattis, Dooriin jila Buttaa qaluu, Hirkoo kaadhimachuu, Moonyee baqaqsuu jedhaman kan gaggeessu ta'uu ibsuu hindagatiin. Barsiisaa/tuu, yaad-rimeen kun baay'ee bal'aadha. Ta'us akka barattootaaf mijatutti jiloota Dooriin gaggeessuufi ardaalee jilaa Dooriin irra naanna'uun raawwatu maal fa'a akka ta'an tokko tokkoon kitaaba barataa keessatti dhiyeessuuf yaalamee jira. Kanaafuu, dhimmoota kanneen akka barattoonni hubachuu danda'aniin ibsi.

Kana malees, Dooriin gulantaa Dooromaa keessatti jiloota Abbootiin Gadaa gaggeessan waliin godaanuun muuxannoofi barnoota kan irraa fudhatu ta'uu ibsi. Akkasumas, yeroo Abbootii Gadaa waliin godaanan Abbootii Gadaaf gumaata kenuun eebba kan irraa fudhatan ta'uu ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kensi. Dabalataanis, gaheefi itti-gaafatamummaa Dooriin qabu kan naannoo isaanii kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees,

gaaffiilee hubannoo gidduu gidduu keeyyataatti kennaman barattoonni akka hojjatan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin wal bir aqbuun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoo tokkoo barataa/tuu waan barate/te hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Sirna Korma Qaluu

2. - galma Buttee ijaaruu

- buttee dhaabuu

- korma Buttee hidhuu

### **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

1. Jilli Dhibaayyu Waaqa galateeffachuufi kadhachuuf kan gaggeeffamudha.

2. Kaayoon yookiin faroon hamaan gara bara Gadooma isaaniitti akka hinceene kan gaggeeffamudha. Akkasumas, wanti hamaan fuul dura isaanii akka isaan hinarganneef jila gaggeeffamudha.

### **Deebii gilgaala 1**

1. Soba. Sababni isaa, jilli Hulluuqqaa manaan alatti gaggeeffama malee mana keessatti miti

2. C

3. Barri Gadooma isaanii bara quufaa, ititafi misaa akka ta'u damboobuudhaaf kan geggeeffamu ta'uu agarsiisa

4 Jila Darrabbaa

Jila Buttaa

### **Deebii gilgaala 2**

Barsiisaa/tuu, barattoonni gaaffii gilgaala kanaatiif deebii garagaraa kennuu malu. Kanaafuu, deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni; bakka sirreeffama barbaachisutti sirreessi. Isaanis, hawaasa isaanii keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa isaanii haala kamiin bahaa akka jiran akka himan jajjabeessi.

## Bogonaa 3: Faaruu Dooromaa

Wayitii: 8

**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota bogonaa kanaatti  
barataa/tuun;

- jaalala Oromoonaaf qabu nibarata/ti ;
- faaruu Doorii faarfachuun gulantaa Dooromaa  
nidinqisiifata/ti;

### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, bogonnaan kun waa'ee faaruu Dooromaa irratti kan xiyyeefatu akka ta'e barattootatti himi. Jalqaba, maalummaa Dooromaa kan kitaaba barataa irratti barreeffamee jiru ibsi.

Dhalooni gulantaa irra jirutti hawwii gara fuul duraaf qaban faaruun akka ibsataniifi Dooriin faaruu yeroo Dooromaa faarsuun hawwii gara fuul duraaf qabu kan ibsatu ta'uun ibsi. Faaruun Dooromaa Oromiyaa bakka adda addaatti maqaa garagaraan kan beekamu ta'uun ibsi.

Fakkeenyaaaf, Gujiitti Qeexala jedhama; Tuulamatti ammoo, Absaala

jedhama. Absaala gaafa Dooriin Buttaa qalu foolleen kan sirbuuf ta'uu ibsi. Faaruun Dooromaa kun Booranatti Olkaa jedhamee akk beekamu hubachiisi. Sirbi Olkaa yeroo Dooromaa waggaa waggaan kan sirbamu ta'uu ibsi.

Faaruun Dooromaa kan kitaaba barataa irratti dhiyaate kan Gujiitti sirbamu yommuu ta'u, Qeexala akka jedhamus ibsi. Faaruu kana dura ofii kee faarsuun itti agarsiisi. Sana booda, barattoonni gareen akka faarsan shaakalsiisi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennameefi faaruu shaakalan irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kensi. Faaruu Dooromaa maaliif akka dinqisiifatan gaafadhu. Kana malees, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennname hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennameen waliin wal bira qabuun duub-deebii kensi. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu faaruu Dooriidhii dhiyaate hubachuu isaa/isheefi yeedalloo isaa waliin faarsuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kensi.

### **Deebii gilgaala 1**

1. Soba
2. Sirba Olkaa, Qeexala
3. A
4. Aangoo waan kennuuf

## Deebii gilgaala 2

1. Barattoonni deebii garagaraa kenuu danda'u. Garuu, deebii sirrii akka argatan fuulcha kenniif. Fakkeenyaaaf, Walannaan Dooriiif aangoo kenuuf qophaa'aa kan jiru ta'uu barreeffamicha irraa deebii akka argatan fuulcha kenni.
2. Barattoonni deebii garagaraa kenuu danda'u. Garuu, deebii sirrii akka argatan fuulcha kenniif. Fakkeenyaaaf, Qadadduun Dooriiif aangoo hinkennu; irraas hinfudhatu. Deebii kana argachuu kan danda'an faaruu Doorii sirriitti dubbisuu qabu. Kanaafuu, deebiin isaa gabaabumatti Qadadduun deeggaraa Doorii waan ta'eef, yeroo hunda nigammada.
3. Barattoonni deebii garagaraa kenuu danda'u. Kanaafuu, deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni.

## Bogonnaa 4: Bulchiinsa Sirna Gadaa

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota bogonnaa kanaatti,  
barataa/tuun;

- maalummaa bulchiinsa Sirna Gadaa addaan nibaafata/ti;
- utubaalee bulchiinsa Sirna Gadaa addaan nibaafata/ti.

### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, bogonnaan kun waa'ee maalummaa bulchiinsa Sirna Gadaafi utubaalee bulchiinsa isaa irratti kan fuelleffatu ta'uu barattootatti himi. Yaad-rimeen Sirna Gadaa bal'aadha. Ta'us, sdarkaa kanatti haala barattooni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi. Bifuma walfakkaatuun, utubaaleen bulchiinsa Sirna Gadaa maal fa'a akka ta'an fakkeenyaa deeggaruun ibsi. Utubaaleen Sirna Gadaa lub-daneessa ta'uu, dhaloota tartiibaan gulanteessee kan kaa'u ta'uu, heera kan qabu ta'uufi caasaa bulchiinsaa diriire kan qabu ta'uufi kanneen kana fakkaatan kaasuun ibsi.

Utubaaleen kуннеен Sirni Gadaa akka baduuf hacuugaafi dhiibbaa sirnoonni darban irratti raawwataa turan dandamatee akka jiraatu kan

taasisan ta'uu sirriitti ibsi. Fakkeenyaaaf, utubaaleen kanneen akka sirna lub-daneessaa ta'uu, tartiiba (gulantaa) dhalootaa kan eegu ta'uu, heerawaa ta'uufi kanneen kana fakkaatan ta'uu tokko tokkoon ibsi. Heera qaba jechuunis, olaantummaa seeraafi daangaa aangoo kan qabu ta'uu ibsi. Caasaaleen bulchiinsa Sirna Gadaa (Seera Baastuu, Seera Hiiktuufi Qaama Raawwachiiftuu) maal akka ta'an tokko tokkoon ibsi. Caasaan kun, jiraachuun isaa sirnichi dimookiraatawaa ta'uu isaa kan agarsiisu akka ta'e ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Dabalataanis, Sirna Gadaa maaliif akka dingisiifatan akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennameen wal-bira qabaa duub-deebii ketti. Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, battallee kennuun duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu waan barate/te hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Sirna Gadaa keessa gogeessa shantu jiru.

2. Waggaa afurtamatti naanna'ee walgaha.
3. Sirni Bulchiinsa Gadaa sirna lub-daneessaa ta'uun isaa faayidaa inni qabu aangoo karaa nagaafi haqa-qabeessa ta'een waliin dabarsuun biyyi gama siyaasaan tasgabbii akka argattu taasisa.

### **Deebii gaaffii hubannoo 2**

Dhaloota tajaajila hawaasummaatiif, barnootaaf, leenjiif, fuudhaafi heerumaafi kanneneen kana fakkaataniif qopheessuuf tajaajila.

### **Deebii gilgaala 1**

1. Soba
2. -sirna Lub-daneessaa ta'uun
  - heerawaa tahuu
  - dhaloota gulanteessee /tartibessee kan kaa'u ta'uun
3. Soba
4. Seera Adabbii Saddeetaa

### **Deebii gilgaala 2**

Barattooni deebii adda addaa kennuu nidanda'u. Akka waliigalaatti garuu, deebiin isaa Sirni Gadaa hacuuccaafi dhiibbaa hedduun osoo irratti raawwatamuu sababni hinbadiiniif utubaa sirnichi irra dhaabbatee jiru ta'uun nidanda'a.

## Bogonnaa 5: Gogeessa Gadaa

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota bogonnaa kanaatti

barataa/tuun;


- shanan Gogeessa Gadaa nitarreessa/ti;
- maalummaa shanan Gogeessa Gadaa addaan nibaafata/ti;
- walitti-dhufeenya shanan Gogeessi Gadaa qaban addaan nibaafata/ti.

## Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, bogonnaan kun waa'ee shanan Gogeessa Gadaa, maalummaa shanan Gogeessa Gadaafi walitti dhufeenya gogeessa kanneen gidduu jiru irratti akka xiyyeffatu barattootatti himi. Yaad-rimeen shanan Gogeessa Gadaa bal'aadha. Ta'us, sadarkaa kanatti haala barattoonni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi. Walitti dhufeenya shanan miseensota (Gogeessa) Gadaa jidduu jiru maal akka fakkaatu haala barattoonni hubachuu danda'aniin ibsi.

Barsiisaa/tuu, shanan Gogeessa Gadaa kunneen Oromiyaa bakka garagaraatti maqaa garagaraan akka waamaman ibsi. Kanaafuu, barataan/tuun gogeessa shanan Gadaa akkaatuma kitaaba barataa irratti barreeffameen akka hubatu/tu taasisi. Gogeessi maqaa garagaraan haa waamaman malee bakka hundatti baay'inni Gogeessa Gadaa Oromoo keessatti shan qofa akka ta'an hubachiisi. Kana malees, walitti dhufeenyaa gogeessi shanan Gadaa qaban ibsi. Walaannaafi Qadadduun maal akka ta'an ibsi. Walitti dhufeenyaa gogeessi qabu kan marsaan kitaaba barataa irratti agarsiifame tokko tokkoon ibsi.

Fakkeenya armaan gadii kana ilaali.



**Marsaa Gogeessaa armaan olii keessatti**

- Gogeessi 1 Walaannaa lama qaba: Gogeessa 2 fi Gogeessa 5
- Gogeessi 1 Qadadduu lama qaba: Gogeessa 3 fi Gogeessa 4
- Gogeessi 2 Walaannaa lama qaba: Gogeessa 1 fi Gogeessa 3
- Gogeessi 2 Qadadduu lama qaba: Gogeessa 4 fi Gogeessa 5
- Gogeessi 3 Walaannaa lama qaba: Gogeessa 2 fi Gogeessa 4
- Gogeessi 3 Qadadduu lama qaba: Gogeessa 1 fi Gogeessa 5
- Gogeessi 4 Walaannaa lama qaba: Gogeessa 3 fi Gogeessa 5
- Gogeessi 4 Qadadduu lama qaba: Gogeessa 1 fi Gogeessa 2
- Gogeessi 5 Walaannaa lama qaba: Gogeessa 1 fi Gogeessa 4
- Gogeessi 5 Qadadduu lama qaba: Gogeessa 2 fi Gogeessa 3

Walumaa galatti, Gogeessi tokko Walaannaa (kan duraafi boodaa), akkasumas Qadadduu (kan duraafi boodaa) kan qabu ta'uu ibsi.

Itti aansuun, barattooni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Kana malees, gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa keessatti kennaman waliin wal bira qabuun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuu shanan Gogeessa Gadaafi walitti dhufeynisaanii hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Gogeessa/dhaabbilee shantu jiru. Dhaabbileen/gogeessi kunneen karaa nagaan baallii waliif dabarsu malee wal hindhiiban.
2. Soba. Sababni isaas, namni tokko hanga gulantaa Gadaamoojjii ga'utti miseensuma Gogeessa sanaa ta'ee tura.

### **Deebii gaaffii hubannoo 2**

Walaannaan Gogeessa shanan Gadaa keessaa kan baallii kennuufi kan baallii isa irraa fudhatudha. Inni baallii kennu walaannaa duraa yoo, ta'u kan baallii fudhatu ammoo, walaannaa duubaa jedhama.

### **Deebii gilgaala 1**

1. B
2. a. Birmajjii  
b. Michillee  
c. Duuloo  
d. Melbaa  
e. Roobalee
3. B
4. Gadaa Oromoo keessatti gogeessa shanan Gadaa keessaa warra walitti aananii hinjirre jechuudha.

## **Deebii gilgaala 2**

Barattoonni deebii adda addaa kennuu nidanda'u. Akka waliigalaatti garuu, deebiin isaa Sirni Gadaa cimaan akka jiraatu; aangoon karaa nagaan akka walitti daddarbu taasisee jira.

## Boqonnaa 6: Waaqeffannaa

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- maalummaa fi madda Waaqeffannaa nibaraata/ti;
- duudhaalee Waaqeffannaa addaan nibaafata/ti;

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun maalummaa, maddaa fi duudhaalee Waaqeffannaa irratti kan xiyyeffatu ta'uu barattootatti himi. Yaad-rimeen Waaqeffannaa bal'aadha. Ta'us, sadarkaa kanatti haala barattoonni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi. Waaqeffannaan Waaqa tokkicha ofitti aanfachuufi dhugeeffachuu akka ta'e, olaantummaa, guddummaa, qulqullummaa Waaqa tokkichaa amanuun fudhachuu ta'uu akkaataa barattootaaf galuu danda'uun ibsi.

Kana malees, duudhaaleen Waaqeffannaa kanneen akka dhugaa dubbachuu, dhugaa hojjachuu, haqa dabsuu dhiisuufi kanneen kana

fakkaatan Oromoorn jiruufi jirenya isaa taasifatee akka ittiin jiraatu ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Dabalataanis, amantii Waaqeffanna maaliif akka dinqisiifatan akka walitti himan jajjabeessi. Akkasumas, gaaffiilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa keessatti kennaman waliin wal bira qabaa duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu waan barate/te hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

Waaqeffannaan amantii ganamaa ummata Oromooti. Waaqeffannaan Waaqa tokkicha ofitti aanfachuufi dhugeeffachuudha. Waaqeffannaan olaantummaa, guddummaa, qulqullummaa Waaqa tokkichaa amanuun fudhachuudha. Akkasumas, waan hojjatan hunda akkaataa heera Waaqaa qofaan raawwachuudha. Kunis, waan inni hojjadhaa jedhe hojjachuufi heera isaa hordofuu dabalata.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

Waaqni ilmoo qaba jechuu otoo hintaane, dhugaan waan guddaa ta'uu agarsiisa.

## **Deebii gilgaalaa 1**

1. Dhugaa
2. Waaqeffannaa
3. D
4. Waan qajeelaa hojjachuu
  - Daba hojjachuu dhiisuu
  - Soda Waqaan jiraachuu

## **Deebii gilgaala 2**

1. - kabajaafi jaalala namaaf qabu;
  - waan hamaafi jibbamaa irraa fagaatu.
  - soba, cubbuu, hamii, hannaafi kanneen kana fakkaatu hinhojjatan.
  - safuu, hooda, duudhaafi aadaa Waaqeffannaa eeganii jiraatu.
2. Barattoonni deebii garagaraa kennuu danda'u. Kanaafuu, deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni.

## Boqonnaa 7: Jaarmiyaalee Waaqeffannaa

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, barataa/tuun:

- akaakuu jarmiyaalee Waaqeffannaa nibaraata/ti;
- hojiilee jarmiyaalee Waaqeffannaa addaan nibaafata/ti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun Jaarmiyaalee Waaqeffannaa Oromoofi gahee isaanii irratti kan xiyyeefatu ta'u barattootatti himi. Yaad-rimeen jaarmiyaalee Waaqeffannaa bal'aadha. Ta'us, sadarkaa kanatti haala barattoonni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi.

Barsiisaa/tuu, boqonnaa 6 keessatti barattoonni waa'ee Waaqeffannaa Oromoofi duudhaalee isa keessa jiru baratanii jiru. Kanaafuu, waan isaan boqonnaa sana keessatti baratan yaadachiisuun jalqabi.

Maalummaafi gahe jaarmiyaaleen Waaqeffannaa kanneen gurguddoo ta'an Qaalluu, Raagaafi Ayyaantuu qaban ibsi. Fakkeenyaaaf, Qaalluun hasaasii Waqqa qaba jedhamees akka amanamuufi beekumsa heeraa

guddaa waan qabuuf, Waaqeffattoota biratti kabajaafi ulfina guddaa akka qabu ibsi. Ayyaantuun ammoo, haala qilleensaa, urjii, ji'aafi aduu xiinxaluudhaan ummanni Oromoo yaada hubate akka waliif dabarsu godha. Ummatichis. xiinxala kana irraa ka'uudhaan taateewwan dhufuu danda'aniif fala kaa'a. Fakkeenyaaf, hoongee, bokkaafi bubbee hamaa dhufuu maluu irraa dandamachuuf, haala mijawaa oomishaafi horsiisa loonii jiru ammoo, haalaan itti fayyadamuuf qophii akka godhu taasisa. Raagni ammoo, taateewwan garagaraa nama dhuunfaa, naannoofi hawaasa bal'aa irratti mul'achuu danda'u dursanii himuudha. Kanaafuu, jaarmiyaaleen Waaqeffannaa hundi gahee akka qaban ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii keni. Kana malees, gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii keni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin ilaala duub-deebii keni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu waan barate/te hubachuu isaa/ishee hordofuu duub-deebii keni.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Oromoon Qaalluuf kabaja olaanaa sababni kennuuf
  - Qaalluun hasaasii Waaqaa qaba waan ta'eef;
  - Qaalluun beekumsa heeraafi seeraa olaanaa waan qabuuf;
  - Qaalluun naamusa olaanaa waan qabuuf...
2. Qaallummaan waan kennaa uumaati malee waan guyyaa keessa argamu miti. Kanaafuu, muudamni Qaalluu uumamaan kan argamudha.
3. Qaalluun muudaafi kennaa ittiin eebba Waqa irraa argatu qaba jechuudha.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

Sirna Gadaa eebbaan utubuufi yaa'a mataa ofii qabatee kophaa godaanuu

## **Deebii gilgaalaa 1**

1. Aanga'oota Gadaa Qumbii nyaachisuun eebbisuudha.
2. Raaga
3. Ayyaantuu
4. Soba
5. i. Qaalluu
  - ii. Ayyaantuu
  - iii. Raaga

## 6. D

### **Deebii gilgaala 2**

Barattoonni deebii adda addaa kennuu danda'u. Deebii barattootaa harkaa fuudhuun duub-deebii kenni.

## Boqonnaa 8: Gochaalee Waaqeffannaa

Wayitii: 8

**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, barataa/tuun;

- gochaalee Waaqeffannaa Oromoo keessatti raawwataman addaan nibaafata/ti;
- Maalummaafi gosoota irreechaa/dhibaayyuu ni baratti

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun gochaaleen Waaqeffannaa keessatti raawwataman maal fa'a akka ta'an irratti kan xiyyeffatu ta'uu barattootatti himi. Yaad-rimeen gochaalee Waaqeffannaa keessa jiran bal'aa ta'us mata duree kana jalatti haala barattoonni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi. Gochaalee Oromoonttiin waqeffatu keessaa inni tokko sirna Irreechaa/Dhibaayyuu ta'uu hubachiisi. Irreechi yoom akka kabajamu, eessatti akka kabajamu fakkeenyaa deeggaruun ibsi. Irreechi/dhibaayyuun kan waggaatti si'a lama kabajamuufi kan yeroo jiloota Gadaa garaagaraa kabajamu jiraachu

hubachiisi. Irreechi waggaatti yeroo lama kabajamu kan Arfaasaa isa tulluutti irreeffatamu fi kan Birraa isa Malkaatti irreeffatamu ta'uu hubachiisi. Dabalataanis Oromoonyeroo jiloota gulantaalee Gadaa garaagaraa raawwatu ardaalee jilaa adda addaatti akka irreechaa yookaan dhibaayyuu gaggeessu barattootatti himi. Akkasumas sirni irreechaa/dhibaayyuu hundi kaayyoo mataa isaa qabaachuu hubachiisi. Fakkeenyaaaf, Irreecha Birraa irratti, Oromoonyawaqqa dukkana Gannaadabarsee ifa Birraan isa gahe itti galateeffata.

Barsiisaa/tuu, haala qabatamaa yeroo ammaa guutuu Oromiyaa keessatti Irreecha waggaa waggaan kabajamuun walqabsiisuun akka hubatan godhi. Barattoonni muuxannoo naannoo isaanii jiru akka waljijiiran gochuun hubannoo isaanii cimsi. Muuxannoo mataa keetiis itti dabaluu hindagatiin.

Barsiisaa/tuu, Oromiyaan bal'aa waan ta'eef, gochaaleen kunneen bakka adda addaatti maqaa adda addaatiin waamamuu danda'u. Fakkeenyaaaf, Irreechi naannawa Booranaafi Gujiitti Dhibaayyuu jedhamuun beekama. Iddoo biroottis, maqaa biroo qabaachuu danda'a. Kanaafuu, barataan/tuun akkaataa qabatama naannoo isaa/isheetiin walqabsiisuun akka baratu/tu godhi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Kana malees, gaaffiilee

hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka  
hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kenname  
hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti  
kennaman waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon  
tokkoo barataa/tuu gochaalee Waaqeffanna hubachuu isaa/ishee  
hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffilee hubannoo**

Inni tokko Arfaasaa kabajama. Inni lammafaan ammoo, Birraa  
kabajama. Irreechi Birraa bakka malkaan jirutti kan kabajamu  
yommuu ta'u, Irreechi Arfaasaa ammoo, tulluu irratti kabajama. Bakka  
lamaan irrtti Waqa galateeffachuufi kadhachuun nijira.

### **Deebii gilgaalaa 1**

1. B

2. Irrechi Birraa kaayyoo gurguddoo lama qaba: Waqa bacaqiifi  
dukkana Ganna keessaa namaafi horii nagaan ceesisee ifatti  
baase galateeffachuudha. Inni lammafaan ammoo, imaanaa  
Waqa irra bulfachuudha. Hawwi gara fuula duraatti qabaniifis  
Waqa kadhatu.

3. A

## **Gilgaala 2**

Barattoonni deebii garaagaraa deebisuu danda'u. Akka waliigalaatti garuu deebiin isaa; maalummaa, gosoota fi akkaataa raawwii Irreechaa yookiin dhibaayyuu maal akka ta'an irratti kan xiyyeefatudha.



*SIMISTEERA*  
*LAMMAFFAA*

## Boqonnaa 9: Haadha Yaa'aa

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti

barataa/tuun;

- eenyummaa Haadha Yaa'aa addaan nibaafata/ti;
- gaheefi itti-gaafatamummaa Haati Yaa'aa Sirna Gadaa keessatti qabdu addaan nibaafata/ti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun gahee haadholiin hoggansa Sirna Gadaa keessatti qaban irratti xiyyeeffata. Jalqaba, eenyummaa Haadha Yaa'aa/Bollaagabaabsii ibsi. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti Haati warraa Abbaa Gadaa gahee olaanaa akka qabdu ibsi. Gaheen isaan qaban kunis bakka garaagaraatti raawwii adda addaa akka qabu barattootaaf ibsi. Fakkeenyaaaf, Booranatti gahee yaa'aa dubartootaa hogganuu, jila Ruddii qajeelchuufi Abba Gadaa waliin jila gaggesuu akka qabduufi Abbaa Gadaa addatti Kallacha hidhuun eebbistee akka gaggeessituufi hojiwwan biroo kana fakkaatan akka hojjattu ibsi.

Bifuma wal fakkaatuun, Gujiitti gaheen haati warraa Abbaa Gadaa qabdu hedduudha. Fakkeenyaaaf, dubartoota Raabaatti Midhoo hidhuun gulantaa Kuusaa irraa gara Raabaatti ceesisti. Dubartoota Qajimaa mursiisuun gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti ceesisti. Kana malees, dubartoota Dooriitti Guutimaala dhahuun gadoomsiti; jila maq-baasa shamarranii gaggeessuu akka qabdu ibsi.

Gama birootiin, jiloota Abbaan Gadaa gaggeessu hunda irratti isa waliin teettee akka gaggeessitu ibsi. Abbaan Gadaa haadha warraa isaatiin ala jila gaggeessuu akka hindandeenyes yaadachiisi. Namni tokko nama guutuu ta'ee bulchuu, eebbisuufi itti-gaafatamummaa fudhachuu kan danda'u yoo haadha warraa qabaate qofa akka ta'e ibsi. Haadha warraa hinqabu taanaan itti-gaafatamummaa kamiyyuu fudhachuu akka hindandeenye ibsi. Sirna Gadaa keessatti aangawoonni Gadaa aangoo isaanii haadha warraa isaaniitiin walitti qaban malee kophaa isaaniitti akka hinqabne ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kensi. Dabalataanis, gaheefi itti-gaafatamummaa haati warraa Abbaa Gadaa qabdu maaliif akka dingisiifatan akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kensi.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura bogonaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin wal bira qabuun duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu eenyummaafi gaheefi itti-gaafatamummaa Haati Bollaa/Haati Yaa'aa qabdu hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Dubartoota hiriira galchuufi raawwii sirbichaa qajeelchuu
2. Haadha warraa Adulootaa, haadha warraa Hayyootaafi haadha warraa Makkalootaati

### **Deebii gaaffii hubannoo 2**

Haadha Ambaa

### **Deebii gilgaalaa 1**

1. Haadha Bollaa yookaan Haadha Yaa'aa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. A
5. Ruddii
6. A

### **Deebii gilgaala 2**

Barattooni deebii adda addaa kennuu nimalu. Deebii isaan kennan harkaa fuudhuun duub-deebii ketti. Akka waliigalaatti, deebiin isaa

'biyya bulchuun maatii bulchuu irraa kan eegalu waan ta'eef' jedhamee  
yoo deebiin itti kenname gaariidha.

## Boqonnaa 10: Sirna Gadaafi Nageenya

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, barataa/tuun;

- ilaalcha Gadaan nageenyaaf qabu nibarata/ti;
- tarsiimoo Gadaan akka Oromoon nagaan jiraatu taasisu addaan nibaafata/ti.

### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun ilaalcha Gadaan nageenyaaf qabuufi tarsiimoo Gadaan rakkoon nageenyaa akka hinuumamne itti taasisu irratti kan xiyyeffatu ta'uu barattootatti himi. Yaad-rimeen nageenyaa bal'aadha. Ta'us, mata-duree kana jalatti haala barattooni hubachuu danda'aniin gabaabinaan ibsi. Barbaachisummaa nageenyaa, tooftaalee Gadaan nageenyi akka hinboorofne ittiin taasisu kanneen akka qabeenya waloofi dhuunfaa, waa'ee hirphaafi dabaree kan kitaaba barataa keessa jiran fakkeenya fudhachuun ibsi. Qabeenya dhuunfaas ta'e kan waloo eeguufi kunuunsuun dirqama nama hundaati.

Kun ammoo, faayidaa inni ummata Oromoof qabu maal akka ta'e ibsi. Oromoont nagaan akka waliin jiraatu gochuu isaa, namni iyyoomee akka hinkadhanne kan taasisu ta'uifi kanneen kana fakkaatu kaasuun akka isaan hubatan godhi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Dabalataanis, tarsiimoowwan Gadaan nageenyi akka jiraatu ittiin taasisu kana maaliif akka dinqisiifatan akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin mirkaneessuun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuu barbaachisummaa nageenyaafi tarsiimoo Sirni Gadaa akka Oromoont nagaan jiraatu itti taasisu hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

Nageenyatu boora'a; walitti bu'iinsatu uumama

## **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

Qabeenya dhuunfaa yeroo barbaachisaa ta'etti dhimma dhuunfaaf yookiin gosaaf ooluu nidanda'a. Fakkeenyaaf, miseensi gosaa tokko beeylada nama biraa ergisaan yookiin kennaan fudhatee fayyadamuu nidanda'a. Kana jechuun, qabeenya waloos ta'e qabeenya dhuunfaa eeguun, kunuunsuun dirqama hundaati.

## **Deebii gilgaalaa 1**

1. dhugaa
2. Nageenyi hawaasaa akka mirkanaa'uutaa taasisa.
3. Qabeenya uumamaa kunuunsuun karaa haqa-qabeessa ta'een waloon akka fayyadaman gochuu, qabeenya waloofi dhuunfaaf seera baasuu kunuunsuufi eegumsa gochuu, kan rakkate tooftaa adda addaan gargaaruun dandamachiisuun

## **Deebii gilgaala 2**

Barattoonni deebii adda addaa kennuu nimalu. Deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni.

## Boqonnaa 11: Gadaafi Saboota Ollaaa

Wayitii: 7



**Kaayyoo:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- Sirna Gadaa keessatti duudhaa nageenyaa Oromoone saboota ollaa waliin qabu nibarata/ti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun waa'ee Gadaafi Saboota Olla Oromoo irratti akka xiyyeffatu barattootatti himi. Duudhaalee nageenyaa Oromoone saboota ollaa isaa jiran wajjiin nagaan jiraachuuf qabu, akkasumas namoota Oromoo hintaane kan ollaa isaa jiraatan wajjiin akkamitti nagaan akka jiraatu fakkeenya fudhachuun ibsi. Fakkeenyaaf, jiloota adda addaa irratti hirmaachisuun, meeshaalee aaddaa wal jijiiruun, gumaata Abbootii Gadaaf fiduufi eebba fudhachuun, qabeenya uumamaa waliin fayyadamuu, waliin kunuunsuufi kanneen kana fakkaataniin ollummaa isaanii akkamitti akka cimsatan

ibsi. Fakkeenyota kitaaba barataa keessatti kennaman tokko tokkoon gadi fageenyaan ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Barattoonni maatiin isaanii ollaa isaanii wajjiin akkamitti nagaan akka jiraatan akka walitti himan godhi. Dabalataanis, duudhaalee nageenyaa Oromo saboota ollaa wajjiin qabuufi nageenyi akka jiraatu ittiin taasisu kana maaliif akka dinqisiifatan akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kennamehojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu duudhaalee nageenyaa Oromo saboota ollaa wajjiin qabuufi nageenyi akka jiraatu ittiin taasisu hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii gaaffilee hubannoo**

1. Ollaan isaa nagaafi tasgabbii yoo hinqabaanne, ummanni isaa gofti nagaan                jiraachuu hindanda'u waan ta'eef.
2. Oromo yeroo Waqa kadhatu,

**Amba nageessi;**

**Ardaa nageessi;**

**Madhaa maatii nageessi; jechuun hawwii nageenyaa ollaa isaaf qabu ibsa. Kadhaa kana keessatti jechi Amba jedhu saba ollaa jechuu dha**

**Deebii gilgaalaa**

1. Dhugaa

2. C

3. A

## Boqonnaa 12: Jaarsummaa

Wayitii: 7



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, barataa/tuun;

- maalummaa jaarsummaa addaan nibaafata/ti;
- adeemsa raawwii jaarsummaa nibarata/ti;
- faayidaa jaarsummaan qabu addaan nibaafata/ti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun mata dureen isaa 'Jaarsummaa' kan jedhu akka ta'e barattootatti himi. Jaarsummaan tooftaa Oromoona wal-dhabdee qaama lama gidduutti uumamu, waliigaltee qaamota wal-dhaban lamaaniin furuun nagaafi araara buusuuf itti fayyadamu ta'uu kan kitaaba barataa irra jiru tokko tokkoon ibsi. Adeemsa jaarsummaan ittiin raawwatamu, ulaagaa filannoo manguddootaa tokko tokkoon fakkeenyaa deeggaruun ibsi. Faayidaa jaarsummaan qabu, duudhaaleen achi keessa jiran maal akka ta'e ibsi. Kaayyoonaan jaarsummaan inni ijoon rakkoon wal-dhabdee qaama lama gidduutti

uumamu gara rakkoo birootti akka hinceene gochuun nagaafi araara buusuudha. Yaad-rimeen mata-duree kana keessa jiru bal'aa ta'us, sadarkaa kanatti akkaataa barattootaaf hubatamuu danda'uun gabaabinaan ibsi.

Itti aansuun, barattooni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Barattooni naannoo isaaniitti namoota wal-dhaban akkamitti akka walitti araarsan kan beekan yookiin maatii gaafatanii akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan taasisuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin wal-bira qabuun duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuu maalummaa, faayidaafi adeemsa jaarsummaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

1. Furmaata waaraa waan hinargamsiisneef, yeroo eeggatee dho'uu danda'a. kanaafuu, dhiibbaa qaama alaatiin osoo hintaane waliigaltee qaamota wal-dhaban lamaaniin raawwatamuu qaba.

2. Jaarsummaan namoota umriin bulan, beekumsa aadaa qabaniin gaggeeffama.

### **Deebii gaaffii hubannoo 2**

Gaaddisa eebbisuutu raawwatama

### **Deebii gilgaalaa 1**

1. B

2. nageenyiifi araarri akka uumamu godha

- hawaasummaan akka cimu taasisa,  
- jirenyi akka hendiigamneefi kanneen kana fakkaatu taasisuuf  
bu'aa qaba.

3. a. wal-dhabdee namoota lama gidduutti uumamu

b. wal-dhabdee abbaa warraafi haadha warraa gidduutti  
gidduutti uumamu

c. wal-dhabdee gosa lama gidduutti uumamuufi kanneen kana  
fakkaatu

### **Deebii gilgaala 2**

Barattooni deebii adda addaa kenuu danda'u. Kanaafuu, deebii isaan  
kennan irratti hundaa'uun duub-deebii kenni.

## Boqonnaa 13: Gumaan

Wayitii: 7



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti

barataa/tuun;

- haala Oromoonyoo lubbuun harka namaatti darbe gumaan hiikuun lubbuun dabalataa akka hinbaane taasisu nibarata/ti;
- maalummaafi akaakuu gumaan addaan nibaafata/ti;
- adeemsa raawwii gumaan addaan nibaafata/ti;
- faayidaa gumaan qabu nibarata/ti.

### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun mata dureen isaa Gumaan kan jedhu akka ta'e barattootatti himi. Maalummaa gumaan kan kitaaba barataa irratti barreeffamee jiru bal'inaan ibsi. Gumaan haala Oromoonyoo lubbuun harka namaatti darbe lubbuun dabalataa akka hinbaane ittiin taasisuun nagaafi araarri akka bu'u akka ta'e ibsi. Ajjeechaa itti yaadamee

raawwatamuufi akka tasaa raawwatamuun akkaataa gumaan itti bahu ilaachisee kan kitaaba barataa irra jiru ibsi. Akkaataa raawwii gumaa ilaachisee Oromiyaa bakka adda addaatti ittii adeemsa gumaan ittiin raawwatamu tokko tokkoon fakkeenyaa kenuun ibsi. Fakkeenyaaaf, Qakeen, Gondooroofi Harka-micciirrataan akkaataa itti raawwataman, kaayyoon isaanii nageenyaafi araara buusuuf akka ta'e ibsi.  
Barsiisaa/tuu, muuxannoo naannoo jiruun walqabsiisuun, itti dabaluun ibsuu hindagatiin.

Itti aansuun, barattooni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Barattooni naannoo isaaniitti nama lubbuun namma harkatti bade adeemsa gumaa baasuutiin akkamitti akka fixatan kan beekan ykn maatii gaafatanii akka walitti himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan jajjabeessuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalotaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennname waliin wal biraa qabuun duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuu shanan Gogeessa Gadaafi walitti dhufeenya isaanii hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

Gumaan ajjeechaa gosa kanaa darbama Waqaan dhalate waan jedhamuuf baayyee nama hindallansiisu. Gumaallee hinkafalchiisu. Haa ta'u malee, lubbuu baasee waan dhiiga dibateef laga geessanii hoolaa gurraacha qalanii seera hordofamuu qabu hordofanii irraa dhiqu.

## **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

1. Gondoroon walitti bu'iinsa qaama lama gidduutti uumameefi dhiiga dhangalaasise furuuf gargaara. Maatii isa ajjeeseefi isa jalaa du'ee gidduutti nageenya amansiisaa buusuudhaan dabalataan dhiigni akka hindhangalaane taasisuudhaaf Gondoroon mala filatamadha. Gondooroodhaan walitti bu'iinsi yoo furamu qaamoleen walitti bu'an kakuudhaan waadaa seenanii araaramu.

2. Hindanda'amu. Sababni isaa, erga araaramanii booda, yoo kakuu cabsan balaa dhufuu malu waan sodaataniif garaadhaan araarmuun nagaa buusu.

## **Deebii gilgaalaa**

1. Gumaa danuu

2. Soba

3. A

4. Barattooni deebii garagaraa kennuu nidanda'u. deebii isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni. Deebiin isaa, lubbuun dabalataa akka hinbaane gochuun nagaafi araara buusuuf fayyada.

## Bogonnaa 14: Sirna Gadaafi Mirga Dhala Namaa

Wayitii: 7

**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota bogonnaa kanaatti,  
barataa/tuun;

- Ilaalcha Gadaan mirga dhala namaaf qabu  
nibarata/ti;
- Seera Gadaan Mirgoota dhala namaa ittiin eeguu fi  
eegsisu addaan nibaafata/ti.

### **Ga'ee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, bogonnaan kun waa'ee Gadaafi mirga dhala namaa irratti kan xiyyeffatu akka ta'e barattootatti himi. Maalummaa mirga namoomaa, mirgi namoomaa isaan kam fa'aa akka ta'an kan kitaaba barataa irra jiruufi kitaaba addaa dubbisuun argatte itti dabaluun ibsi.

Mirgi namoomaa kanneen jedhaman mirga lubbuun jiraachuu, mirga socho'anii jiruu ofii gaggeessuu, mirga yaada ofii bilisaan ibsachuufi kanneen kana fakkaatan akka dabalatu itti himi.

Nama yakka adda addaa dalagellee mirgi namoomaa isaa osoo irraa hinmulqamiin tarkaanfiiwan irratti fudhataman ibsi. Sirna Gadaa keessa murtiin du'a nama adabsiisu bal'inaan kan hinjirre ta'uus yaadachiisi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Kana malees, gaaffilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan jajjabeessuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii ketti. Dhuma barannoo boqonnaa kanaatti, battallee kenuun duub-deebii ketti.

### **Deebii gaaffilee hubannoo**

#### **1. Mirgoota namoomaa kanneen jedhaman**

- mirga lubbuun jiraachuu,
- mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu
- mirga hawaasummaa keessatti qabu keessaa mirga Gumii keessatti hirmaachuu,
- hojjatanii jiraachuu,

-mirga socho'uufi kanneen kana fakkaatan tuquun  
nidanda'ama.

2. Mirgi namoomaa ilmi namaa nama ta'uu isaa qofaan ykn uumamaan  
kan argatuudha. Dhalootaan argata jechuudha.

### **Deebii gilgaalaa**

1. A

2. D

3. mirga lubbuun jiraachuu, mirga socho'anii hojjachuu, mirga yaada  
ofii bilisaan ibsachuufi kanneen kana fakkaatan

4. Barattooni deebii garagaraa kennuu danda'u. Kanaafuu, deebii  
isaanii harkaa fuudhuun duub-deebii kenni. Dubartooni Sirna Gadaa  
keessatti kabaja olaanaa qabu. Dubartiin wayyuudha; hinarrabsamtu;  
hindhaanantu....

## Boqonnaa 15: Qumbii

Wayitii: 7



**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti, barataa/tuun;

- Gahee Qumbiin sirna Gadaa keessatti qabdu addaan nibaafata/ti;
- Maalummaa fi adeemsa Qaalluu muuduu addaan baafata/ti;

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun waa'ee Qumbii irratti kan xiyyeffatu akka ta'e barattootatti himi. Maalummaa Qumbi fi gahee qumbiin jiloota Gadaa garagaraa keessatti qabu barattootaaf ibsi. Akkasumas, eenyu akka Qumbii nyaatuufi eenyu akka nyaachisu, faayidaa Qumbii nyaachisuun qabu kan kitaaba barataa irra jiru sirriitti ibsi. Abbaan Gadaa fi hayyooni isaa Qaalluu muudanii akka qumbii irraa fudhatan adeemsa kitaaba barataa irra jiru ibsi. Qumbiin jiloota akka

dhibaayyuu, Gadaammojjii fi Muuda Qaalluu keessatti gahee akkamii akka qabu barattootaaf ibsi.

Warri Gadaa yeroo Qumbii Qaalluu fudhatu loogii akka hinhajjanneefi karaa haqa-qabeessa ta'een ummata akka tajaajilu waadaa seenuun eebba fudhata. Namni Qumbii fudhate waan hamtuu hindalagu; dabaan hinmurteessu, afaan hamoo hindubbatu. Kanneeniifi kan biroo kan kitaaba barataa irra jiru sirriitti ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan jajjabeessuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuun waan barate/te hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

### **Deebii gaaffiilee hubannoo 1**

1. Qumbiin waan haancaa mukaa fakkaatu kan foolii urgaa'aa qabuu fi kan yeroo muuda Qaalluu, dhibaayyuu, Gadaammojjii fi jiloota Gadaa adda addaa irratti eebaaf itti fayyadamaniidha.

2. ummata isaa karaa haqa-qabeessa ta'een akka tajaajiluuf; eebbaafi kaayoo fudhachuuudhaafi.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 1**

Abbaa Muudaa

#### **Deebii gilgaalaa**

1. B
2. Muuda Qaalluu
3. Dhugaa
4. B
5. Sababiin isaa, namni Qumbii nyaate waan afaan isaa keessaa ba'e lafa hinbu'u jedhamee waan amanamuuf nama hinabaaru.